

Qajeelfama Seera to’annoo Hanna Maallaqa Hojjetoota Guyyaatiif Kaffalamuu kan Miindeffamtoota Minnesota isa Haaraa

Minnesota tti seerri kan tumamee yoo ta’u, hoogganaansi dhimma seera to’annoo hanna maallaqa hojjetoota guyyaatiif kaffalamuu kan miindeffamtoota Minnesota isa haaraa mallatteessee jira. Seerri inni haaraan kun seera humna namaa kan biyyichaa fooyyessuudhaan maallaqaa hojjetoota guyyaatiif kaffalamuu fi haala saa’atii hojii, ittisaa fi uggurtii kan mijeessu ta’a. Qajeelfamni kun miindeffamtootaaf odeeffannoo dabalataa fi eegumsa seerri inni haaraan kun gumaachu ifa taasisa.

Seera Minnesota § 609.52 (yakka miindaa hojjeetoota guyyaatiif kaffalamuu fi uggurtii) ilaalchisee qophiiwwan seeraa warra haaraa irraa kan hafe, qophiin seera haaraa ta’anii hundi **Adoolessa 1, 2019** irraa eegalee hojii irra kan oolu ta’a. Yakka hanna maallaqa hojjetoota guyyaatiif kaffalamuu fi uggurtii isa haaraa ilaalchisee ammoo **Hagayya 1, 2019** irraa eegalee hojiirra oola.

Ibsi dimshaashaa kan seera to’annoo hanna maallaqa hojjetoota guyyaatiif kaffalamuu fuula dirsariitii inni irratti argamu: www.dli.mn.gov/sites/default/files/pdf/wage_theft_law_summary.pdf.

Gaaffii fi deebiin waa’ee seera hanna maallaqa hojjetoota guyyaatiif kaffalamuu fuula dirsariitii inni irratti argamu: www.dli.mn.gov/business/employment-practices/wage-theft-qa.

Guutummaan barreeffama waa’ee seera isa haaraa fuula dirsariitii inni irratti argamu: www.revisor.mn.gov/laws/2019/1/Session+Law/Chapter/7/.

Eegumsa haaraa miindeffamtootaaf

Miindeffamtoonni hojjaa gaafa eegalan odeeffannoo dabalataa miindessitoonni gumaachuufii qaban (seera fooyya’e kan Minn. Stat. § 181.032)

Akka seera Minnesota tti, miindessitoonni haala hojichaa fi qacarrii hojii, jechuunis kaffaltii, turtii sa’a hojii fi faayidaawwan argamuu danda’an dabalatee barreeffamaan miindeffamtootaaf kennuutu irraa eegama.

Hubachiisni seerato’annoo hanna maallaqaa hojjetoota guyyaatiif kaffalamuu inni haaraan yeroo jalqabbii miindeffama hojiitti tokkoon tokkoon hojjeetootaaf barreeffamaan kennuufiin miindessitoota hundaa irraa ni eegama. Beeksisi kunis kan inni of keessatti qabaachuu qabu waa’ee haala miindeffama hojjetootaa fi yeroo hojii odeeffannoo murtaa’oo ta’an kan armaan gadii ti (Haaraa**).**

Qabxiiwwan armaan gadii kun odeeffannoo murtaa’oo ta’an kan hubachiisa keessatti miindeffamtoonni yeroo hojii eegalan miindessitoonni akka isaan beekan gochuu qabanii dha.^{1,2,3}

¹Hojjetoota godaansa irra jiraniif eegumsi dabalataa akka seera Minn. Stat. §§ 181.85-181.91.tti ilaalchini godhamaaf.

²Hojjetoota warshaa foon hawwagu keessaa hojjetaniif dabalataan akka seera Minn. Stat. § 179.86.tti mirga ilaalchi addaa isaaniif taasifamuu ni qabu.

³Miindeffamtoonni miindessaa nama 10 fi isaa ol qabu, hojjetoota qonnaahojii humnaa hojjetankan hin taanee ykn hojjetaa idilee hin taane kan yeroof qacaraman illee yoo ta’e barreeffama walii-galtee akka seera Minn. Stat. § 181.55-181.57.tti tarreeffaman fudhachuu qabu.

- Haala hojii miindeffamaa fi akka itti hojjetaan tokko kaffaltii xiqqoo argachuu irraa walaba ta’u, yeroo hojii kan saa’atii idilee caalaatti hojjetamee fi kaffaltii kan biroo fi seera saa’atii hojii, akkasumassababoota bu’uura ta’uu danda’an waliin **(Haaraa)**.
- Baay’ina guyyootaa kan termii kaffaltii fi yeroo kaffaltii idilee ta’e kan miindeffamtootaa (Haaraa).
- Guyyaa miindeffamaan itti kaffaltii jalqabaa fudhatu **(Haaraa)**.
- kaffaltiiykn tilmaama kaffaltii miindeffamaa kan hojii irra oolfame yoo kan saa’atiidhaan, walakkaa guyyaatiin, guyyaadhaan, torbaniin, miindaa, meeshaa, komoshinii, ykn tooftaa kan biroo fi kaffaltii dabalataatiin kan wal qabate beeksisa kamiin iyyuu **(Haaraa)**.
- Durgoo, yoo soorannii fi iddoon yeroof keessa boqotan kan hayyamamu ta’e **(Haaraa)**.
- Yeroo kaffaltii miindaa, dhukkubaa ykn yeroo kaffaltiiin dhaabbatu (YKD) kan biroo, akkamitti yeroon kaffaltii gargar cite akka itti fufuu fi seerota fayyadamaa **(Haaraa)**.
- Kaffaltii miindeffamaa irraa sababoota hir’ifamuu ta’uu danda’an kan ibsu **(Haaraa)**.
- Maqaa miindeffamaa isa seera qabeessa fi maqaa hojii, yoo garaagara ta’eef **(Haaraa)**.
- Teessoo waajjira hojii isa olaanaa ykn bakka iddoon daldalaa itti argamuu fi Lakkoofsa saanduqa poostaa yoo adda ta’e **(Haaraa)**.
- Bilbila miindessaa **(Haaraa)**.

Miindesitoonni garagalcha barreeffamaa kan tokkoon tokkoon miindeffamtootaa irratti mallatteessan of harkatti qabachuutu irraa eegama. Afaan Ingiliffaatiin beeksisa miindesitoonni hundinuu hojjetootaaf qopheessuu qabu. Beeksisi kun ibsa dabalataa of keessatti kan haammatu, afaan garaa garaatiin yoo ta’u, kunis afaanota kan birootaanis tarii beeksisa kana miindeffamtoonni akka isaaniif qopheeffamuuf akka gaafataniif haala mijeessuuf gargaara **(Haaraa)**. Miindesitoonni yoo miindeffamtootaan gaafataman beeksisa kana afaankan birootaanis qopheessuu qabu **(Haaraa)**. Miindesitoonni dabalataan miindeffamtootaaf yoo jijjiiramni kam illee jiraate utuu jijjiiramni kun hojii irra hin oolin dursanii barreeffamaan beeksisuutu irraa eegama **(Haaraa)**.

Muummee Hojjetaa fi Warshaa (MHW) ilaalchisee fakkeenya beeksisa miindeffamtootaa fuula dirsariitii kana irra kaa’amee jira: www.dli.mn.gov/sites/default/files/doc/employee_notice_form.docx. Miindesitoonni fakkeenya beeksisa kanaa ykn kan mataa isaanii qopheessuu danda’u.

Odeeffannoo dabalataa kan miindesitoonni waa’ee galmees arganna ilaalchisee miindeffamtootaaf caqasuu qaban (seera fooyya’e kan Minn. Stat. § 181.032)

Galmeen galii (ykn naga’een) waa’ee kaffaltii miindaa, yeroo turtii hojii, hir’ifama humna hojjetaa taasifamee fi faayidaa addaa miindeffamaan tokko argachuu qabu hundi odeeffannoo murteessoo ta’an kan miindeffamtootaa fi miindesitootaa ti. Seerri biyyattii inni amma jiru waqtii xumura kaffaltii kanji’aa hundumaa irratti akkasumas, odeeffannoo murtaa’oo ta’an galmees kaffaltii keessatti hojjetootaaf barreeffamaan ykn karaa ellektiroonii kennamuufii of keessatti haammata. (Miindeffamtoonni tarii galmees kaffaltii qooda ellektiroonikii, barreeffamaan akka isaaniif kennamuuf gaafachuu danda’u. Yoo galmeenragaa kaffaltii karaa ellektiroonikii ta’e, miindessaan gamaagamee hojjetaafismaxxanee (pirinti godhee) akka kennuuf yeroo hojii idileetti haala mijeessuu qaba). Seerri inni haaraan tokkoon tokkoon termii galmees raga kaffaltii keessatti odeeffannoo dabalataa kanneen armaan gadii akka haammatuuf gaafata:

- Maqaa miindeffamichaa.
- Walii-gala saa’atii hojii kan miindeffamaa waqtii kaffaltiitti.
- Kaffaltii ykn tilmaama kaffaltii miindeffamaa kan hojii irra oolfame yoo kan saa’atiidhaan, walakkaa guyyaatiin, guyyaadhaan, torbaniin, miindaa, meeshaa, komoshinii, ykn tooftaa kan biroo **(Haaraa)**.

- **Durgoo nyaataa fi bakka bultiitiif walii galame (Haaraa).**
- Deggersa kaffaltii kanwalii galaa miindefamaaf kaffalamu.
- Hanga Kaffaltii qulqulluu ta'ee, waantonni hirfamuu qaban erga irraa hir'ifamaniin booda.
- Sababoota kaffaltii miindefamaa irraa hirfamuuf.
- Guyyaa kaffaltiin itti xumuramu.
- Maqaa kan seeraa fi kan hojii miindessaa.
- **Bilbila miindessaa (Haaraa)**
- **Teesoo waajjira hojii isa olaanaa ykn bakka iddoon daldalaa itti argamuu fi Lakkoofsa saanduqa poostaa yoo adda ta'e (Haaraa).**

Miindefamtoonni garagalcha galmee ragaa kan kaffaltii isaanii harkatti qabachuudhaan tokkoon tokkoon kaffaltii baay'ina saa'atii isaan hojjetanii fi kaffaltii isaan fudhatan sirriitti ibsuu isaa raggaasisuutu irraa eegama. Miindefamtoonnis guyyoota hojii tokko tokkoon, kaffaltii kan saa'atii fi kaffaltiiwwan miindaa irraa citan sirriitti galmeeffachuutu irraa eegama.

Miindessaan miindaa hojjetaa yeroo kaffaluufitti, ibsaa fi waanta barbaachisaa ta'an kan kaffaltii fi komiishinii hojjetaan kaffaluu qabu ilaalchisee (seera fooyya'e kan Minn. Stat. § 181.101)

Miindefamtoonni kaffaltii hundaa, **jechuunis kan akka miindaa, kaffaltii hojjetaan argachuun maluu fi kan hamilee (Haaraa)** hojjetaadhaan yoo xinnaate gaafa guyyaa 31 yeroo hundaa kan kennamuu **yoo ta'u komiishiniin miindefamaan fudhatamu ammoo yoo xinnaate ji'a sadiitti yeroo tokko (Haaraa)** guyyaa gaafa kaffaltii iddilee kennamuu qaba.

Seerri to'annoo hanna maallaqa hojjetootaa inni haaraan caalmaatti kan inni ifa taasisu akka seerri **Minn. Stat. § 181.101. haala mijeessuudhaan mirga sirrii kan kaffaltii komiishinii fi maallaqa hojjetoota guyyaatiif kaffalamu ykn kaffaltii seeraan hayyamamaa ta'e, hammam guddatu illee, hanga mirga kaffalamuu qabuu fi komiishinii kaffaltii guyyaa kan idilee irraa argamuu dha (Haaraa).**

Haaraa: Miindesitoonni sababa hojjetoonni waa'ee mirga isaanii dubbataniif ykn seera kaffaltii fi kan saa'atii adda baasanii beekaniif hojjetootatti haaloo ba'uu hin qaban (Seera fooyya'e kan Minn. Stat. § 181.03)

Miindefamtoonni sababa mirga isaanii beekuu isaaniitiif ykn Seera Sadarkaa Tarkaanfii Hojii kan Minnesota (Minnesota Fair Labor Standards Act), Seera Kaffaltii Miindaa kan Minnesota (the Minnesota Prevailing Wage Act) fi kennammii muraasa. Minn.Stat., Boqonnaa 181, sirna kaffaltii miindaa, iyyata Qajeelcha Hojjetaa fi Warshaa faayila gochuu ykn miindesitoonni iyyata hojjetootaa akka faayila godhaniif itti himuu dabalatee miindesitoonni haaloo ba'uu hin qaban. Dabalataan qoricha seeraan hayyamameen alatti, miindessaan seera kana irra yoo darbeef seerambaa kanaaf adabbii \$700 hanga \$3,000 ta'utu itti murama.

Haaraa: Odeeffannoo dirqamsiisoo ta'an hiruun aangawaa irraa eegama (seera fooyya'e kan Minn. Stat. § 177.27)

Muummee Hojjetaa fi Warshaa (MHW), komiishinariin isaa ykn aangawaan bakka buufame garagalcha ajaja iyyannoo gara miindessaatti, akkasumas akkaataa dhiheessii ajajichaa ykn odeeffannoo himannaa dhiheessuu fi qaamota seeraa isaan ilaallatu armaan gadiitiif dhiheessa:

- Qaama hayyama ragaa kennuu ykn aangawaa to’annoo kan dhaabbata tokkoo ykn kan isaa olii kutaa damee siyaasaa kan miindessaa ilaallatuuf.
- Abbaa aangoo kontiraataa kan hawwaasaa kan miindessaan itti paartii waldichaa ta’eef.
- Miindefamtoota fedhii qabaniif.

Yakka Dogoggoraa xixiqqaa (seera fooyya’e kan Minn. Stat. § 177.32)

Miindessaan dirqama isaa ba’uuf jecha yoo hojii komiishinerii danqe ykn duubatti harkise, akka Seera Sadarkaa Tarkaanfii Hojii kan Minnesota (Minnesota Fair Labor Standards Act) ykn Seera Kaffaltii Miindaa tti yakka dogoggora xixxiqaatti ilaalama. **Seerri to’annoo hanna kaffaltii hojjetoota guyyaatiif kaffalamuu, komiishinariii kamiin iyyuu dirqama seera Minn. Stat. §§ 181.01 to 181.723 or 181.79 raawwachuu kan danquu fi boodatti harkisuu yoo ta’eef, kunis yakka dogoggora xixiqqaa ti (Haaraa).**

Haaraa : Yakka “hanna kaffaltii hojjetaa” fi yakka uggurtii “hanna kaffaltii hojjetaa” (seera fooyya’e kan Minn. Stat. § 609.52)

Yakki “hanna kaffaltii hojjetaa” kan inni uumamau yammuu miindessaan akka armaan gadiitti gowwomsuuf yaaluu:

- Kaffaltii humnaa, miindaa, tajaajilaa, komiishinii hojjetaa; hanga kaffaltii seerri isaaniin gaafatuun kaffaluu dadhabuu, yoo hagam baay’ee ta’e illee.
- Hojjetaa kamiif iyyuu, kallattiidhaan ykn alkallattiidhaan kaffaltii tajaajila inni kenneetiif dabalataan kaffaltii taasifame ilaalchisee naga’een akka laatamuuf.
- Kallattiidhaan ykn alkallattiidhaan hojjetaa kamiin irraa iyyuu hir’ifama ykn deebifamuu miindaa kan waliigaltee hojjetaa miindessaadhaan taasifamuu.
- yaalii kaffaltii kaffalamuuf maluun olitti miindefamaaf kaffaluuf yaalii taasisuu.

“Miindessaa” hiikaan isaa “ nama dhuunfaa, shirka, waldaa, dhaabbata, daldala wal-amantaa, nama ykn garee namoota kallattiidhaan ykn alkallattiidhaan faayidaa/bu’aa walitti dhufeenya hojjetaa fi hojjechiisaa irratti hundaa’e jechuu dha”

“Miindefamaan” hiikaan isaa “nama kam iyyuu kan miindessaadhaan miindefame jechuu dha.”

“Hanna kaffaltii guyyaa” kan jedhamu kun ibsa seera yakkaa hanna kan Minn. Stat. § 609.52, subd. 2(19), fi uggurtii hanna kaffaltii akka itti fufee jiruu ta’a:

- Adabbii hidhaa waggaa 20 ol hin taane, kaffaltii baay’inni isaa \$100,000 ol hin taaneef ykn lachanuu yoo hangi hatame kun baay’inni isaa \$35,000 ol ta’e.
- Adabbii hidhaa waggaa 10 ol hin taane, kaffaltii baay’inni isaa \$20,000 ol hin taaneef ykn lachanuu yoo hangi hatame kun baay’inni isaa \$5,000 ol ta’e.
- Adabbii hidhaa waggaa 5 ol hin taane, kaffaltii baay’inni isaa \$10,000 ol hin taaneef ykn lachanuu yoo hangi hatame kun baay’inni isaa \$1,000 ol ta’e, garuu \$5,000 ol kan hin taane.
- Adabbii hidhaa waggaa one ol hin taane, kaffaltii baay’inni isaa \$3,000 ol hin taaneef ykn lachanuu yoo gatiin qabeenyaa ykn tajaajila hatamee kun baay’inni isaa \$500 ol ta’e, garuu \$1,000 ol kan hin taane.

Yeroo hanga kaffaltii hatamee irratti xiyyeeffannuu taasifnu, seerri akka hayyamutti kaffaltii miindefamaa hatame kun turtii ji’oota ja’aa keessatti kan walitti qabamu ta’a.

Miindfamtoonni yoo kaffaltiin hundinuu yeroo seeraan hayyamame keessatti kaffalamuufii dadhabameef maal gochuu qabuu?

Muummee Hojjetaa fi Warshaa (MHW) quunnamuu

Yoo waa'ee seeraa to'annoo hanna kaffaltii miindaa isa haaraa ykn miindessaan yakka dhiheessii Istaandardii Gocha Hojii fudhatamaa kan Minnesota Minnesota (Minnesota Fair Labor Standards Act), Kaffaltii gocha humna hojjetaa fudhatamaa kan Minnesota (Minnesota Prevailing Wage Act) ykn dhiheessii kaffaltii gocha humna hojjetaa kan Minnesota ykn sababa isin seera kana beekuun mirga keessan hubattaniif haaloo kan isin ba'u yoo ta'e karaa lakkoofsa bilbilaa 651-284-5075 muummee istaandardii dhaabbata hojjetaa fi warshaa quunnamuu dandeessu. Eenyummaan nama odeeffannoodhaaf ykn iyyataaf muummee kana quunnamu icitiidhaan kan eegamu ta'a.

- Yoo miindessaan keessan kaffaltii yeroo irratti isiniif kaffaluu dadhabe, komiishinariin tarii miindesicha miindaa hanga isin isin argachaa turtan ykn hanga isiniif kaffalamuu qabuu fi miindessaan keessan kan itti walii galee ture, ykn hanga seera kontiraataatiin isiniif kaffalamuu qabu hagam guddaa yoo ta'e illee isiniif ajajuu danda'a.
- Dabalataanis, tarii komiishiniin miindessaan kaffaltii humnaatiin kan walqixxee ta'e kaffalchiisuuf ykn adabbii adabbii guyya guyyaan wal qixa ta'e ykn kaffaltii saa'atiidhaanii 1/15^{ffaa} kan komiishinii irraa argattan garuu kan hin kaffalamin hafe akka kaffalamuuf ajaja.

Himannaa mana murtiitti dhiheeffachuu

- Iyyanni mana murtii gad aanaatti dhiyaatu hanga \$15,000 ykn isaa gadi gaafata. (Abukaattoo hin barbaachisu)
- Manni murtii aanaatti iyyanni dhiyaatu baasii \$15,000 gaafata.